LD منظمه اطباء العالم LÄKARE I VÄRLDEN MEDICI DEL MON
MÉDICOS DO MUNDO MÉDICOS DEL MUNDO 世界の医療団
世界医生组织 DOCTORS OF THE WORLD منظمة أطباء العالم
σμου DOKTERS VAN DE WERELD MÉDICOS DO MUNDO
या के डॉक्टर MÉDECINS DU MONDE 世界医生组织 DOCTORS
I DEL MONDO Γιατροί του Κόσμου DOKTERS VAN DE
ELT दुनिया के डॉक्टर MÉDECINS DU MONDE 世界医生组织 DO

In association with

BritishRedCross

DOCTORS OF THE WORLD

TALAALLII DHIBEE VAAYIRASII KOROONAA (COVID-19)

INGLAAND, ISKOTILAANDI FI WEELS

Talaalliiwwan vaayirasii koroonaaf (COVID-19) taasifaman nagaa fi bu'aa qabeessadha. Vaayirasii koroonaa irraa ittisa cimaa siif kennuu.

Maxxansa 1.1 [Guyyaa 24.03.2021 foyya’e]

AFAAN OROMOO | OROMO

Baafata

TALAALLII DHIBEE COVID-19 EENYUTU ARGACHUU DANDA'A? 2
AKKAATAA TALAALLIIN COVID-19 ITTI KENNAMUU 3
AKKAMITTI TALAALLII COVID-19 ARGACHUU DANDA'U 4
TALAALLIINWWAN DHIBEE KOOVID-19 HAMMAM NAGAA QABEESSADHA? 7
TALAALLIIN DHIBEE COVID-19 HAMMAM BU'A QABEESSA? 7
MIIDHAAWWAN CINAA TALAALLII DHIBEE COVID-19 7
WANTOOTA TALAALLIIN DHIBEE COVID-19 OF KEESSAA QABU 8
ODEEFFANNOO DABALATAA 8

TALAALLII DHIBEE COVID-19 EENYUTU ARGACHUU DANDA'A?

Talaalliin dhibee COVID-19 NHS'n dhiyaatu gaheessoota Inglaand, Iskotilaandi fi Weelsi keessa jiran hundaaf haali baqattummaan isaani maaliyyuu yoo ta’e bilisaan kan argamu ta'a. Kun namoota deeggarsa ummataa hin qabne (NRPF) dabalata. NHS'n yeroo ammaa talaallii COVID-19 namoota vaayirasii koroonaa irraa dhukkuba hamaaf haalan saaxilamoo ta'anif kennaa jira.

Talaalliiwwan kun farmaasiiwwan tokko tokko keessatti, jiddugalwwan talaallii naannoo kan hakiima waliigalaan hoogganaman, akkasumas jiddugalwwan talaallii guddatti kennamaa jiruu.

NHS talaallii kan kennuu namoota dhukkubaf irra caalaan saaxilamoo tahanif ta'e kunis bal'inaan haala fayyaa biroo qabachuu fi gareewwan umrii dulloomaa irraa gara dargaggootaatti kan hunda'u ta'a. Namoonni tokko tokko kan biroo irra sababa dhibee COVID-19'n dhukkuba hamaaf irra caalaan saaxilamoo dha.

Kan kennamaa jiru:

- namoonni umriin isaanii 50 fi isaa ol ta'an
- namoota dhukkuba koronaarraa balaa guddaa irra jiran (kanneen haala fayyaa yeroo dheeraa qaban)
- namoota sababa haala fayyaa biroo (kan akka COPD, dhibee asmii, dhibee onnee, dhukkuba kalee ykn tiruu, dhukkuba sukkaaraa fi rakkoo fayyaa yeroo dheeraa) qaban irraa kan ka’e dhukkuba vaayirasii koronaaf irra caalaan saaxilamoo tahan
- namoota mana kunuunsa keessa jiraatan ykn hojjetan
- hojjetoota fayyaa fi eegumsa hawaasaa
- namoota rakkoo barachuu qaban
- namoota Durgoo Kunuunsaf ga’umsa qaban

Mootummaan UK gaheessoota hundaf dozii talaallii jalqabaa hanga dhumaa Adoolessatti kennuuf kaayyeffate jiraa.

Inglaand: Odeeffannoo haaraa talaallii dhibee COVID-19 irratti gaheessootaaf kenname dubbisii
Iskotilaandi: Odeeffannoo haaraa talaallii dhibee COVID-19 irratti gaheessootaaf kenname dubbisii
Weels: Odeeffannoo haaraa talaallii dhibee COVID-19 irratti jiru dubbisii

Yoo ati hanga ammaatti ga’umsa hin qabdu ta'e

Hanga sii qunnaman eegii. Talaallii argachuuf yeroo dabareen kee ga'uu NHS'n si beeksisa.

Inglaand: Waa'ee gahumsa talaallii dhibee COVID-19 fi dhiyeessii talaallii odeeffannoo haaraa jiru dubbisii

Talaaliin nama hundaaf ni ta'aa?

Yoo ulfa taate talaalliin COVID-19 midhaa akka fidu ragaan agarsiisu hin jiru. Garuu osoo hala dhaabbataa ta’en isinif dhiyaachuu dura ragaa dabalataatu barbaachisa.

Koreen Walitti-makama Talaallii fi Talaalummaa yoo ulfaa fi kaneen kessa yoo tatee talaallii argachuuf yaadu akka dandeessu gorsa isaa haaromseera:

- sababa bakka hojii keetiirraa dhukkuba vaayirasii koronaaf irra caalaan saaxilamaa tatee
- haala fayyaa biroo waan qabduf rakkoo vaayirasii koronaa wal xaxaaf irra caalaan saaxilamaa dha

Talaallii booda ulfa ittisuun hin barbaachisu. Talaalliin vaayirasii kallattii kamiiyuu hin qabu akkasumas siif ykn daa'ima keettif dhibee COVID-19 kennuu hin danda'u. Talaalliiwwan dhibee COVID-19 dandeettii hormaataa akka miidhan ragaan hin jiru.

Kan harma hoosisaa jirtuu yoo ta'e talaallii COVID-19 argachuu ni dandeessa. Talaallii argachuu ke dura ogeessa fayyaa waliin mar'adhuu. Miidhaawwanii fi faayidaawwan jiran si waliin mari'atu.

Inglaand: Nama ulfaa, ulfaa’uu danda'u ykn haadha harma hoosisaa jirtu yoo taate gorsa talaallii dhibee COVID-19 haaraa jiru dubbisii

Iskotilaandi: Nama ulfaa, ulfaa’uu danda'u ykn haadha harma hoosisaa jirtu yoo taate gorsa talaallii dhibee COVID-19 haaraa jiru dubbisii

Weels: Nama ulfaa, ulfaa’uu danda'u ykn haadha harma hoosisaa jirtu yoo taate gorsa talaallii dhibee COVID-19 haaraa jiru dubbisii

Doozii duraani talaallii walfakkaataa ykn wantoota talaallii kana keessa jiran kamiiyyuufu diddaa qaamaa cimaa (anaphylaxis dabalatee) qabaatee beektaa yoo ta'ee talaallii dhibee COVID-19 fudhachuu hin qabdu.

Namoota dandeetti dhukkuba firra dhorku xiqqaa fi dhukkuba HIV qaban (lakkaawwiin CD4 maaliyyuu yoo ta’e) talaalliin kennamuuf qaba.

Namoonni itita dhiigaa ykn dhibee dhiiguu qaban amma illee talaallii fudhachuu danda'u garuu yeroo yaalii sirrii ta’eetti kennamu isaa mirkaneessuuf dhiyeessaa kunuunsa isaani waliin mari’achuun isaan barbaachisu mala.

AKKAATAA TALAALLIIN COVID-19 ITTI KENNAMUU

Talaalliiwwan dhibee COVID-19 limmoon irree kee gubbaa kennamu. Isaanis doozii lamatii kennamuu. Dooziin isa jalqaba erga sii kennamee torban sadii hanga 12 booda doozii lammaffaa fudhataa.

Yeroo talaallii kee isa jalqabaa fudhattu kaardii xiqqoo kan odeffannon talaallii irratti argamuu siif kennamaa. Kaardii kana sirritti eeguu qabda. Yoo talaallii kee isa lammaffaa giddugala talaallii addaatti fudhachuu qabda ta'e kaardiin kun gosa talaallii sirrii akka fudhattu mirkaneessa.

AKKAMITTI TALAALLII COVID-19 ARGACHUU DANDA'U

Talaalliin dhibee COVID-19 NHS'n dhiyaatu gaheessoota UK keessa jiran hundaaf haali baqattummaan isaani maaliyyuu yoo ta’e bilisaan kan argamu ta'a.

Hakiima Waliigalaa (GP) biratii yoo galmeeffamtee talaallii argachuun ni salphata. Kuni lakkoofsa NHS qabaachuu kee akkasumas yeroo ga’umsa argatuu beellama talaallii (umrii ykn haala fayyaa irratti hundaa'uun) qabsiifachuu danda'u kee mirkaneessa. GP biratii galmaa'uu jechuun tajaajila fayyaa fi kunuunsa biroo argachuu dandeessa jechuudha.

GP'n doktora fayyaa maatiiti. Inglaand, Iskotilaandi fi Weels, kessatti namni hunddi haali baqattummaan isaa maaliyyuu yoo ta’e GP biratii galmma'u fi tajaajila kunuunsa durssa bilisaan argachuu danda'a.

Yoo amma GP biratii hin galmoofne ta'e, talaallichaaf hanga yoonaatti ga’umsa hin qabduu ta'eyyuu, GP naannoo barbaadun galmaa'uu qabda. Waajjira GP bakka itti jiraattuf dhihoo ta'ee marsariitii NHS kan Inglaand, Iskotilaandi ykn Weels fayyadamun argachuu dandeessa, yookin gara GP naannoo keettii bilbiluun akka dhukkubsataa galmaa'uf gaafachuu dandeessaa.

Waajjiraaleen GP namoota naannoo isaanii jiraatan qofa galmeessu danda'u. Daangaa waajjira GP ala kan jiraattuu yoo ta'e GP biraa bakka itti jiraattuf dhihoo ta'e barbaaduu qabda.

GP tokko biratii galmaa'uuf unka guutuu si barbaachisa. Oonlaayinii irratti galmaa'uu danda'u kee mirkneessuuf marsariitii waajjira GP sana ilaaluu dandeessa. Akka dhukkubsataa dhaabbataa (akka dhukkubsataa yeroodhaaf miti) galmaa'uuf gaafachuu qabda. Yoo si barbaachise, unka guutuuf gargaarsa waajjira GP sana gaafachuu dandeessa.

Waajjira GP biratii galmaa'uuf dookmantiin na barbaachisa?

Waajjiraaleen tokko tokko galmaa'uuf dookmantii kan akka ragaa teessoo, ragaa eenyummaa yookiin ragaa haala baqattummaa, yookiin lakkoofsa NHS akka dhiyeessitu si gaafachuu danda'u, garuu yoo ati dhiyeessuu hin dandeenye si galmeessu hin didan.

Yoo dookmantiiwwan kanneen dhiyeessuu hin dandeenye, dookmantiiwwan kanneen akk hin qabnee, garuu daangaa waajjira sana keessa akka jiraatuu fi GP sana biratii akka dhukkubsataa galmaa'uu akka barbaadu dubachuu qabda.

Yeroo waajjira GP tokkoo biratii galmooftuu rakkoon yoo si muudatte, qabeenyonni armaan gadii kun si gargaaruu danda'u. Oonlaayinii irratti yeroo galmaa'aa jirtuu dookmantii akka dhiyeessitu yoo gaafatame, qabeenyota kana waajjira GP sanaaf imeeyiliin erguu dandeessa:

- NHS England namoonni dookmantii hin qabnee Inglaand keessatti GP biratii akka galmaa'an gargaaruf kaardii keelloo qophe'esee jiraa. Yeroo galmaa'uuf deemtu kaardii kana keessummeessaa GP tti agarsiisuu dandeessa. Kaardii keelloo dhaabbilee gargaarsaa naannoo, baankiiwwan nyaataa, Healthwatch naannoo keessanii yookiin Doctors of the World irraa argachuu dandeessa.
- Mootummaan Iskotilaand waajjiraalee GP Iskootilaand keessa argamanif qajeelfama baasen: "GP biratii galmaa'uuf dokumentiin hin barbaachisu. Dhukkubsataan tokkoo ragaa eenyummaa ykn ragaa teessoo dhiyeessuu dadhabuun dhukkubsataa tokkoo galmeessu diduu ykn tursisuuf akka ragaa gahaatti hin ilaallamu." jechuun ibseera.
- Waldaan Fayyaa Ingilizii qajeelfamni doktoroota Inglaand, Iskotilaand, Weels fi kaabaa Ayirlaand keessa argamanif baase "Dhukkubsataan tokkoo yoo ragaa eenyummaa dhiyeessuu hin dandeenye, kun isa galmeessu diduuf akka ragaa gahaatti hin ilaallamu" jechuun ibsaa.

Yoo waajjiri GP sii galmeessuu dide, dhukkubsattoonni Inglaand keessa jiran 0300 311 2233 irratti bilbiluu dandeessu. Dhukkubsattoonni Iskotilaand fi Weels keessa jirtan Boordii Fayyaa naannoo keessanii qunnamuu qabdu. Dhukkubsatootni GP biratii galmaa'uuf gargaarsa argachuuf gara Doctors of the World 0808 1647 686 (lakkofsa bilbilaa bilisaa) irratti bilbiluu dandeessu.

Yoo nama mana jireenyaa hin qabne taate

Yoo teessoo dhabbataa hin qabaanne GP biratii galmaa'uu ni dandeessa. Teessoo dhabbataa akka hin qabne garuu naannoo sana keessa akka turtee fi akka dhukkubsataa galmaa'uu akka barbaadu waajjira GP sanaaf ibsuu qabda. Teessoo yeroodhaaf fayyadamu dandeessa, kunis teessoo hiriyaa yookin giddu gala guyyaa ta'u danda'a, yookiin waajjirii teessoo malee si galmeessu danda'a.

Yoo GP'n sanaa barbaade (fakkeenyaaf, bu’aa qormaataaf) karaa telephooniidhaan si qunnamuu akka danda'u mirkaneeffachuu qabda.

Yoo iddoo jireenyaa koolu galtootaa keessa turta ta'e

Yoo ati koolu galaa iddoo jireenyaa Waajjira Dhima Biyyaa Keessa ykn yeroo tasaa, kan akka hoteela keessa jiraata yoo taate, yeroo GP biratii galmooftuu teessoo iddoo jireenyaa kana fayyadamu qabda, akkasumas iddoo jireenyaa Waajjira Dhima Biyyaa Keessaatiin dhiyaateetti wan jiraatuuf akka ragaa teessoo hin qabnee ibsuu qabda. GP'n tokoo yoo sii galmeessuu didde, dhiyeessa iddoo jireenyaa kee ykn Migrant Help waliin 0808 8010 503 (lakkoofsa bilbilaa bilisaa) irratti haasa’uu qabda.

Yoo Waajjirri Dhima Biyyaa Keessa gara iddoo jireenyaa haaraatti akka si dabarsuu yoo beekte, hanga gara iddoo haaraatti deemtutti talaallii dhibee COVID-19 talaalamuu tursisuu hin qabdu. Talaallii kee isa lammaffa giddugala talaallii iddoo jireenyaa haaraaf dhihoo ta'ee irraa fudhachuu dandeessa.

Kaardii xiqqoo beellama talaallii isa jalqabaa irratti sii kenname sirritti eeguu fi gara beellama lammaffaatti fudhachuu qabda, kunis giddu galeessi gosa talaallii sirrii ta'ee akka argatuu mirkaneeffachuufi.

Beellama talaallii qabsiifachuu

Inglaand

Kan armaan gadii keessa kamiyyuu yoo ta'e beellama talaallii kee toora interneetiitiin qabsiifachuu dandeessa:

- umriin kee waggaa 50 yookin isaa ol ta'ee

- yoo ati dhukkuba koronaarraa balaa guddaa irra jirtaa ta'ee (kanneen haala fayyaa yeroo dheeraa qaban)
- yoo ati sababa haala fayyaa biroo (kan akka COPD, dhibee asmii, dhibee onnee, dhukkuba kalee ykn tiruu, dhukkuba sukkaaraa fi rakkoo fayyaa yeroo dheeraa) qabdu irraa kan ka'e dhukkuba vaayirasii koronaaf irra caalaan saaxilamoo tatee
- ati hojjetaa fayyaa fuulduraa ga'umsa qabuu tatee
- ati hojjetaa kunuunsa hawaasaa fuulduraa ga'umsa qabuu tatee
- ati rakkina barachuu qabda ta'e
- ati Durgoo Kunuunsaf ga'umsa qabda ta'e

Jiddugala talaallii guddatti yookiin farmaasii talaalliiwwan dhibee COVID-19 kennutti beellama qabsiifachuu dandeessa. Hanga NHS'n si qunnamuu eeguu hin qabdu.

Beellama talaallii dhibee COVID-19 kee toora interneetiitiin qabsiifachuu dandeessa.

Iskotilaandi

Odeffannon beellama kee xalayaa waamichaan yookiin bilbilaa teelefoonaa si kennama. Beellama irratti hirmaachuuf deemta yoo ta'e, gara beellamaatti deemuu kee mirkaneessuuf homaa gochuun sin barbaachisu. Beellama kee haaraatti qabsiifachuu ykn haquu dandeessa kunis yoo hirmaachuu dadhabde beellamni kee nama biraaf kennamuu akka danda'ufi.

Weels

Talaallii fudhachuuf yeroo dabareen kee ga'uu NHS kallattiidhaan si qunnama. Telefooniin ykn xalayaadhaan si qunnamuu danda'a.

Yoo talaallicha fudhadhe Waajjirri Dhima Biyyaa Keessattif nan gabaafamaa?

Haali baqattummaan kee maaliyyuu yoo ta'e, yeroo tajaajila NHS nama hundaaf bilisa ta'e argattu, odeeffannoon kee Waajjirra Dhima Biyyaa Keessa kutaa baqattummaa waliin hin qoodamu. Kun tajaajila GP fi qorannoo, yaalii ykn talaallii COVID-19 dabalata.

Yeroo GP biratii galmooftuu ykn beellama talaallii COVID-19 qabsiifatuu haala baqattummaa kee akka mirkaneessitu gaafatamuu hin qabdu.

Tajaajilli hospitaala NHS fi hawaasaa tokko tokko kan qorannoo, yaalii ykn talaallii vaayirasii koronaa waliin hin qabanee namoota haala baqattummaa idilee hin qabneef bilisa miti. Tajaajilooni kanneen odeeffannoo wa'ee kee, kan akka maqaa, teessoo, fi guyyaa dhalootaa Waajjirra Dhima Biyyaa Keessa kutaa baqattummaa waliin qooduu danda'u. Kun haala baqattummaa kee mirkaneessuuf yookiin kaffaltii eegumsa fayyaa hin kaffalamnee gabaasuufi. Odeeffannoon waa'ee fayyaa kee hin qoodamu.

Haala yeroo namoota dhuunfaaf yookiin uummataaf sodaan nageenya jirutti tajaajilooni NHS odeeffannoo dhukkubsataa poolisii, mana murtii, fi kutaalee mootummaa waliin akka qoodan gaafatamu danda'u.

TALAALLIINWWAN DHIBEE KOOVID-19 HAMMAM NAGAA QABEESSADHA?

Talaalliiwwan UK keessatti hojii irra ooluuf mirkanaa'an kun ulaagaa cimaa nageenya, qulqullina fi bu'aa qabeessumaa Eejansii To’annoo Qorichoota ofdanda'aa fi Oomisha Eegumsa fayyaa (MHRA) kaa’amee guutani jiruu.

Talaallin vaayirasii koronaa mirkana'e kamiyyu yaala kilinika fi nagenya qoriichawwan mirkanaa'an biroo hundi itti darban keessa darbuu qaba. MHRA'n sadarkaalee nageenya idil-addunyaa hordofa.

Talaalliiwwan hundi isaanii namoota addunyaarraa jiran 15,000 hanga 50,000 ta'an irratti qormaatamaniru. Dhiiraa fi dubara irratti, namoota sanyii adda addaa irraa dhufan irratti, akkasumas namoota umuriin isaanii 18-84 giddu ta'e irratti qormaatamaniru. Talaalliiwwan kun dhukkuba ittisuu yookin vayirasii namatti darbuu danda'u baachuu irratti hammam bu'a qabeessa akka ta'an ilaaluuf fi fayyadamummaa daa'immanii baballisuuf yeroo talaalliin keennamu eegaluutti iyyuu qorannaan kan itti fufu ta'aa.

Hanga ammaatti namoonni miliyoonaan lakkaa'aman talaalliin dhibee COVID-19 kan kennameef ta'e, gabaasan miidhaawwan cinaa cimaa, kan akka diddaa qaamaa, baay’ee muraasa turan. Rakkoon fayyaa wal xaxaa yeroo dheeraa gabaafamee hin jiru.

Waa'ee talaalliwwan UK keessatti mirkanaa'an baruuf kennen ilaalii:

- GOV.UK: Talaallii Pfizer/BioNTech dhibee COVID-19 f MHRA'n mirkanaa'e (Ingiliffa qofa)
- GOV.UK: Talaallii Oxford/AstraZeneca dhibee COVID-19 kan MHRA'n mirkanaa'e (Ingiliffa qofa)
- GOV.UK: Talaallii Moderna dhibee COVID-19 kan MHRA'n mirkanaa'e (Ingiliffa qofa)

TALAALLIIN DHIBEE COVID-19 HAMMAM BU'A QABEESSA?

Talaalliiwwan dhibee COVID-19 kamiiyyuu keessaa dooziin isa jalqabaa dhibee vaayirasii koroonaa irraa eegumsa gaarii kan siif kennuu ta'aa. Garuu eegumsa yeroo dheeraa akka siif kennuu doozii talaallii lamaanu qabaachuu qabda. Yoo talaallii qabaatteyyuu, amma yoonaatti carraan vaayirasii koroonaan itti qabamtuu ykn babal'isuu dandeessu ni jiraa. Kana jechuun kanneen gochuun barbaachisaadha:

- qajeelfama fagenya hawwasumma hordofuu itti fufu
- bakka namoota biroo irraa fagaachuun ulfaataa ta'etti yoo dandeesse, waan funyaaniifi afaan kee haguugu uffadhu.

MIIDHAAWWAN CINAA TALAALLII DHIBEE COVID-19

Miidhaawwan cinaa talaallii dhibee COVID-19 irra caalaan isaanii salphaa fi guyyoota 2-3 caalaa turuu hin qaban, isaanis kanneen dabalatu:

- harka madaa'e bakka lilmoon itti seeneetti
- miira dadhabbii
- bowwoo mata

- dhukkubbiin namatti dhagahamuu
- miira dhukkubbii (garaa hammeessuu) ykn dhukkubsachuu (hooqqisiisuu)
- ho'ina qaamaa ykn gubaa qaama

Yoo barbaadde, dawaa dhukkubbii dhorku kan akka paracetamol fudhachuu dandeessa.

Ho'ina qaamaa ol ka'aa sa'aatii 48 ol turuu kan qabduu yoo ta'e, vaayirasii koronaa yookin infeekshinii biraa qabaachuu dandeessa. Qufaa fi dhandhamu ykn foolii dhabuun miidhaawwan cinaa talaallii kana miti kanaaf mallattoowwan kana yoo qabaachuu eegalte gara toora interneetii deemuun qorannoo koronaaf sagantaa qabsiifachuu qabda.

Yoo mallattoowwan kee caalaatti hammaachaa deeman, sa'aatii 48 oliif kan turan ta'ee yookin ni yaaddofta ta'e, GP keetiif sa'aatii 8am fi 6.30pm giddutti yookiin yeroo biraatti gara 111 bilbili (kun lakkoofsa bilisaati bilbiluuf). Gaaffii hundaaf irra deddeebiin "**yes**" jechuudhan deebiisun afaan keettiin turjumaanaa argachuu dandeessaa.

Mallattoo diddaa qaamaa

Diddaa qaamaa cimaa qabaatee beektaa ta'ee osoo hin talaalamin dura hojjattoota eegumsa fayyaatti himi. Kanneenif diddaa qaamaa cimaa (anaphylaxis dabalatee) qabaatee beektaa ta'ee, talaallii dhibee COVID-19 fudhachuu hin qabdu:

- dozii duraani talaallii walfakkaataa
- wantoota talaallii kana keessa jiran kamiiyyuufu

Diddaawwan qaamaa cimaai ta'an darbee darbee muudatu. Yoo talaalliichaaf diddaa qaamaa qabaatee yeroo baay'ee kun kan ta'uu daaqiqaa muraasa keessatti. Hojjettoonni fi tola ooltonni giddugala talaalliitti argaman diddaa qaamaa qabu fi hatatamaan yaaluuf kan leenji'an dha.

Karoora nageenyaa Kaardii Kello Vaayirasii Koronaa fayyadamuun diddaa qaamaa shakkame kamiiyyuu gabaasuu dandeessaa.

WANTOOTA TALAALLIIN DHIBEE COVID-19 OF KEESSAA QABU

Talaalliin dhibee COVID-19 mirkana'e oomisha beeyladaa yookiin hanqaaquu kamiyyuu hin qabu.

Manni Mareen Fayyaa Islaamaa Ingilizii talaalliin akka fudhatamuu danda'u gorsa. Waldaan Kaatolikii fayyadamni talaallii dhibee COVID-19 gama naamusaan waan fudhatama qabu akka ta'e dubbatee.

ODEEFFANNOO DABALATAA

Doktoroota Addunyaa (Doctors of the World): Kilinika fi odeeffannoo COVID-19 hiikame

Fannoo Diimaa Ingilizii (British Red Cross): Talaalliiwwan COVID-19: maal beekuu qabda

NHS England: Talaallii Vaayirasii Koroonaa (COVID-19)

NHS Inform: Talaallii kan Vaayirasii Koroonaa (COVID-19)

Kutaa Fayyaa Uummataa Weels: Odeeffannoo talaallii dhibee COVID-19